# Sagalee simbirrootaa ganama keessa


LIDA Portugal

Vilius Aistis Vilimas

Muhammed Berisso


5

Afan Oromo om

Yuuliyaa, abbaan manaasheefi intalli isaanii xinnoon Yukireen keessa ganda xinnoo tasgabbaa’aa ta’e tokko keessa jiraatu turan. Yuuliyaan ganama ganama sagalee simbirrootaatiin dammaqfamuu baay’ee jaallatti turte. Mana irraa fagaattee akka jiraattu, ykn ganama sagalee simbirrootaatiin hin dammaqfamu jettee yaaddee hin beektu.

Abbaan manaa ishee yeroo hunda qarshii gahaa dhabuu isaatiin komachaa waan tureef dhugaatii baay’ee dhuguu jalqabe. Carraa isaanii Poorchugaalitti yaaluuf murteessan. Tarii achitti maallaqa dabalataa argachuun mana ijaaruu fi maatii isaaniif egeree gaarii ta’e uumuu danda’u ta’a.

Yuuliyaan mana ishee haaraa wajjiin haala gaariin kan madaqxe si’a ta’u, qulqulleessituu taatee hojjechuu jalqabde. Maamiltoonni ishee hojii cimaa hojjettee fi ilaalcha safuu isheen qabdu baay’ee dinqisiifataniiru. Abbaan manaa ishii garuu caalaatti akka boodatti hafe itti dhaga’ame. Rakkoo dhugaatii dhuguu isaatiin kan ka’e hojjechiistonni isa hin amanan, hojiis hin kennaniif turan.

Guyyaa tokko Yuuliyaatti iyyuu jalqabe. Sana booda, ishee dhiibuu jalqabe. Keessumaa yeroo inni machaa’u wacaafi reebichi itti hammaate. Yuuliyaan ofiisheefi intalasheetiif sodaatte, garuu maal gochuu akka dandeessu yaada hin qabdu turte.

Yuuliyaan dhuma irratti harki ishee cabee gara kutaa balaa tasaa hospitaalichaa deemte, Poorchugaal keessatti jeequmsi maatii rakkoo guddaa akka ta’e itti himan. Akkasumas yakka waan ta’eef poolisiitti gabaasuu qabda jedhan.

Yuuliyaan waan dadhabdeef, intallishee xinnoo mana guyyaa guyyaadhaan jeequmsi itti raawwatamu keessatti akka guddattu hin barbaaddu turte. Yuuliyaan mallattoon miidhaa bifa adda addaa hedduu qabaatus yeroo hundumaa akka ture hubatte.

Yuuliyaan gara mana qubannaa dubartootaa deemtee, achitti yeroo dheeraa booda nageenyi ishee itti dhaga’ame. Ganama sagalee simbirrootaatiin erga dammaqaa turtee as akkasitti hin dhagahamne ture.

# LIDA Stories

lidastories.net

## Sagalee simbirrootaa ganama keessa

LIDA Portugal
Vilius Aistis Vilimas
Muhammed Berisso